

Waa'ee Qormaata Ooficha Keetii

Gargaaruuf as jirra

Irra guddeessa namoota Tasmania keessa jiraataniif hayyama oofichaa argatuun tarkaanfii barbaachisaa tahuu ni hubanna; kanaaf ooftonni hundi beekumsa eeggannoo oofichaa akka qabaatan isaan gargaaruu barbaadna. Waraqaan kun qormaata keetiif akka itti of qopheessitu si gargaaruuf qopheessame.

Qormaataa keef of qopheessuu

Qormaata kee dura, guyyaa sana maaltu akka si irraa eegamu waan takka takka qoradhuu hubadhu. Maal akka raawwattu gaafatamtu shaakali, Seerota Karaa adda baasadhu. Bakki takka takka hubatuuf si gargaaran sutee (link) isaa kunoo ti:



Vidiyoo
ooficha baruu



Seera Karaa
Tasmania



Ulaagaa
Qormaataa



Lakoyisa
Gabatee



Tasmaniaf Haaraya
(Gumii Nageenya
Karaa)

Qormaata keetiif eessa akka dhaqxu beeki. Yeroo qormaata kee **YOO XIQAATE DAQIIQAA IS** dursii argami. Hayyama oofichaa of harkaa qabduu fi waan biro si barbaachisan of harkaa qabaadhu. Tarii waraqa itti barreessame (logbook), hayyama afaaniitti hiikame (translation), mullisa L (L plates), nama si qajeelchu (supervisor) si barbaachisuu mala). Maal fudhattee deemu akka qabdu yoo hin beektu tahe gaafadhu.

Konkolaataa Ilaalchisuu

Konkolaataan kee sirrii tahuu fi karaa irra oofamuuf seerawaa tahuu adda baafadhu (mirkana baallama keetti qabsiisamee kan siif ergame **konkolaataa ilaalchisuu** jedhu waliin wal bira qabii ilaali) – guyyaa qormaata kee DURA hunda isaa ilaalchisi; GUYYAA QORMAATA KEES ilaalchisi.



Yeroo baallama keetiif dhufu kan si qoru konkolaataa kee si waliin ilala. Konkolaataa keessa seentee akka wanneen itti aanan raawattu gaafatamta:

- Mootora/konkolaataa kaasuu.
- Dhaabduu (brake lights) (miilla itti ejjatuu fi irraa fuudhuu).
- Agarsiistuu (indicators) bitaa fi mirgatti mul'isuu.
- Akka itti of booda deebisan agarsiisuu (garuu of booda hin deebisin).



**Sutee
Vidiyoo
Konkolaataa
ilaalchisuu**

Konkolaataa ilaalchisuu fi waan raawatuu qabdu kana guyyaa qormaataa kee dura barsiisaa ykn nama si gargaaru waliin irra deddeebi'ii shaakali (nageenya konkolaataa kees dursii ilaali).

Qormaata dura hubannoo fi qajeelfama

Ati fi kan si qoru konkolaataa keessa erga seentanii qormaat eegaluuf yeroo qophooftan qorataan kaameraa konkolaataa keessatti qabsiisee waan tahe itti dubbata – kun sirnuma vidiyoo sana qopheessuu ti. Qorataan sana booda akka itti qormaatni gaggeessamu, yeroo hangam akka fudhatu, yeroo qormaataa akkamiin ajaja akka siif kennan qorataan sitti dubbata. Waan akkas jedhu dubbatan...

“Qormaata kana dabruuf Sadarkaa Seera kaayyame kan Dagaaginni Mootummaa gaafatu ana agarsiisuu qabda.

Qormaatni karaa keessaa daqiiqaa 30f kennama.

Yeroo qormaataa akka konkolaataa naanneffattuu fi dhaabdu si ajaja. Yeroo kaan mallattoo fi/ykn barruu karaa irra jiru hordoftee deemta.



Waan seera hin taanee ykn eeggannoo hin qabne akka dalagdu si hin gaafadhu.

Qormaata keessatti bakka lamatti, akka karaa irra ooftun si gaafadha.

Osoo oofuu hin eegalin dura, karaa maqnee dhaabbannee maal godhchuu akka qabdu si irraa eegu siif ibsa.

Akka gaarii gahaatti ani siif hin ibsine yoo tahe yeroo kam illee natti himi irra deebi'een siif ibsaa.

Gulantaa ooficha kee hunda dhuma irratti odeeffannoo ooficha kee nan galmeessa. Yeroo hedduu bakka dhaabbanutti waraqaa qormaataa kee ittin guuta.

Yeroo deebinu, haala ooficha kee irratti yaada siifan kenna, itti baha qormaata kees sittan hima.”

Yoo afaan English hin dandeessu tahe namni si qoru akka hubatuuf siif saphlatuuf gabaabsee ykn saphlisee qajeelfama sitti hima. Waan hin hubanne yoo jiraate yeroo akkasii qaaffii qabdu gaafadhu.

Qormaatni maalfaa of keessaa qaba?

Qormaatni karaa irraa kutaa jahatti qoodama. Qorataan akka ati karaa irra itti ooftuu fi of danda'uu kee ilaalee akka ulaagaa qormaatichaatti qabxii siif kenna (*waraqaa kanatti sutamee jiru ilaali*).



Kutaan afur bakka A irraa hanga B geessutti qajeelfama qorataan siif kennu hordoftee oofta. Kutaalee afran kanneen keessatti tokko bakka saffisa sa'aatti kilomeetira 80 (80km/h) oofsisutti keessatti akka karaa kan birootti seentu ykn xurree daandii (lane) jijjiirrattu gaafatamta. Kutaan lama kaan shaakala – kunis kan gadi jiran kana:

Waa of Boodatti Dagatte

Asitti eeggannoo fi akka seerri hayyamutti konkolaataa kee naannefatuu dandeettii kee agarsiisuu si barbaachisa. Yeroo lammaffaaf of irra naanneffattee bakka konkolaataa dhaabdee turte yaadattee bakkicha dhaabda.

Haalichi..... *Asi irraa ooffattee deemtee karaa irra osoo jirtuu mana kanatti “Waa of Boodatti Dagatte” deebitee fudhatuu akka si barbaachisu yaadatte.*

Yeroo shaakalli eegalu..... *akkuma yeroo kaanii karaa irra oofuu itti fufta. Bakka takkatti, “Waa of Boodatti Dagatte – Itti deebi’uu qabda” an siin jedha. Sana booda ati bakka eeggannoo qabu fi seerri siif hayyamu ilaaltee (osoo karaa kan biroo irra marsitee itti hin deebinee) konkolaataa kee of irra naanneffattee bakka waa itti dagatte bira dabartee yeroo lammaffaaf of irra naanneffattee bakkischatti deebitee akka duraan turetti bakka irraa kaate konkolaataa kee dhaabda.*



Sutee Vidiyoo
LSB

Hiriyya (saayiba) dubbisuu (Of booda deebistee dhaabuu) (Reverse Parallel Park)

Of booda deebistee dhaabuuf (reverse parallel park) waan ati godhchuu qabdu kunoo ti. Haala irratti hundaawee yeroo takka takka qormaata konkolaataa of booda deebisanii dhaabuu qoramtee booda kan of irra naanneffattee dhaabuu qoramta. Namni si qoru siif ibsa.

Haalichi..... *Ykaraa irra osoo oofaa jirtuu konkolaataa hiriyya (saayiba) kee handaara karaa gama keessa dhaabbatu agarta. Dhaqxee dubbisuu barbaadde. Qorataan konkolaataa karaa irra dhaabbattu kan ati of booda deebitee dhaabdu sitti agarsiisa. Konkolaataa sana yaadatuu si barbaachisa.*

Yeroo shaakalli eegalu..... *Yoofaa deemtee konkolaata sitti agarsiisame bira erga dabarteen booda karaa itti aanu jalqabaa irratti eeggannoo fi akka seerri siif hayyamutti of irra naanneffatuu si barbaachisa (qorataan sitti hin dubbatu – yeroo naanneffatuun siif tahu situ murteeffata). Bakka konkolaatichaa yeroo geessu itti maqxee of booda deebistee konkolaaticha booda dhaabda.*



Sutee
Vidiyoo
RPP

Yaada siif kennamuu fi itti baha qormaata kee

Xumura qormaata kee irratti qorataan ooficha kee irratti yaada siif kenna, waan gaarii ati dalagdee fi waan fooyyefatuu qabdu sitti hima. Tarii taraarama (diagram) kaasee siif ibsa waraqa qormaata kee waliin siif kanna.

Qormaata dabartee fi hin dabarree kees sitti hima. Qormaatni kee akka ati abdatte yoo hin taane bakka wayyeeffatuu qabdu akka hubattuuf qorataan sitti himuu danda'a – akka ati gahaatti dabartu barbaadnas!



Nu Qunnami

Qormaata kee ilaalchisee gaaffii dabalaa yoo qabaatte, email driver.assessment@stategrowth.tas.gov.au utti ergi ykn **6166 3171** irratti nuuf bilbili

Road User Services
(Driver Assessment Client Support Program)

Department of State Growth
GPO BOX 536, Hobart
Tasmania, Australia 7001